Yaa Rabbi, qananiin kee baduu irraa, fayyaan jijjiiramuu irraa, balaa tasaa fi dallansuu kee hundumaa irraa sitti maganfadha

Abdullaah bin Umar irraa odeeffame Rabbiin isaan lamaan irraa haa jaallatu akkana jedhe: Du'aa'ii Ergamaa Rabbii keessaa tokko kana ture, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu: «Yaa Rabbi, qananiin kee baduu irraa, fayyaan jijjiiramuu irraa, balaa tasaa fi dallansuu kee hundumaa irraa sitti maganfadha».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- waan afur irraa maganfatan: Inni duraa: (Yaa Rabbi baduu qananii kee irraa sitti maganfadha) kan amantii fi kan addunyaa, akkasumas Islaamummaa irratti ragga'ee, dilii qananii nama irraa ooftu keessatti kufuu irraa fagaachuu si kadhadha. Inni lammaffaan: (fayyaan jijjiiramuu) gara balaatti ishee jijjiiruu irraa sitti maganfadha; Fayyaa itti fufiinsa qabuu fi dhukkubbii fi dhukkuboota adda addaa irraa nagaa ta'uu si kadhadha. Sadaffaan: (balaa tasaa irraa) dhiphina ykn balaa garagaraa irraa sitti maganfadha, balaan akkasii sun tasa yoo dhufte, yeroon tawbaa fi sirreeffamaaf qophaa'an hin jiru, haala kanatti immoo balaan sun daran cimaa fi irra hamaa ta’a. Afraffaan: (dallansuu kee hundumaa) fi sababoota dheekkamsa kee fidan irraa sitti maganfadha; namni ati itti dallante badee hoongahe. Ergamaan -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- jecha dachaa waa hunda walittii qabatu fayyadaman; jechoota, gochoota fi amantiilee irraa sababoota dheekkamsa Isaa -Inni qulqullaa'e ol ta'e- hunda akka hammatuuf jecha.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/5488